# Mirga keessan beekaa

Massachusetts Immigrant and Refugee Advocacy Coalition (Tumsa Abukaatummaa Godaantotaa fi Baqattootaa Massachusetts)

# Waa'ee MIRA:

**Sagantaalee:**

- **Hojiilee abukaatummaa fi qindoomina**
- **gargaarsaa dhimmoota Iyyata Lammummaa irratti taasifamu**
- **Hirmaannaa Lammiiwwani**




**Mul'ati keenya** Biyyi dhaloota isaanii fi Akkamitti akka dhufan maalis hata'u *maal namni hunduu* biyya itti guddachuu danda'u fi Hojii Hawwaasummaa, Dinagdee fi Lammummaa keessatti hirmaachu danda'u, Biyya Qabeenya Waliinii Uumuudha.

# Akkaataa raawwii immigreeshinii irratti cuunfaa gabaabaa

# Sirna immigireeshinii:
# Department of Homeland Security (Kutaa Nageenya Biyya Keessaa)

**Immigration & Customs Enforcement (Immigireeshinii fi Raawwii Gumurukaa)**

Immigration Police (Poolisii Immigireeshinii) / Seera Kabachiisaa, hidhuu fi Biyya Baasuu, Immigireeshiniin Walqabate adeemsa Mana Murtii Keessatti godhamuf, DHS Bakka Bu'uun dhiyaachu

**Customs & Border Protection (Gumuruukaa fi Eegumsa Daangaa)**

daangaa fi daangaa irraa hanga fageenya maayilii 100 keessatti, akkasumas buufata sakatta'iinsaa fi qaxxaamura daangaa irratti Seera kabachiisuu

**U.S. Citizenship & Immigration Services (Tajaajila Lammummaa fi Immigireeshinii U.S)**

Imigireshinii irraa Faayidaalee adda addaa argachuuf Iyyattoota dhiyaatan Xiinxaluu (Fakkeenyaaf Kaardii Magariisa, Lammummaa, Viizaa)

# raawwii immigireeshinii waliin namoonni akkaataa walquunnamuu dand’an

U.S. Citizenship and Immigration Services

- Hariiroo Sirna Yakkaa Wajjin Walitti dhufeen qabu
- Ajaja biyyaa ba’uu yookaan  himannaa yakkaa osoo qabduu faayidaa argachuuf USCIS iyyachuu




- Qabaattoota kaardii magariisaa imaala irraa deebi'an
- Sakatta'iinsaa fi seera kabachiisa xiyyeeffannoo qabu
- Haalota addaa biro

# Biyya keessaa ari'amuuf sababoota saaxilan

Haala jireenyaa seera qabeessa ta'e jiraachuu dhabuu

Wantoota yakkaan walqabatan kanneen akka:

- Yakkoota qoricha sammuu namaa hadoochu waliin walqabatan hundi jechuun ni danda'ama
- Yakkoota jeequmsa maatii tokko tokko, ajaja dhorkaa cabsuu
- yakka hannaa fi sarbama seeraa biroo hedduu!

Sarbama seeraa / hanna immigireeshinii

Sababoota nageenyaa wajjin walqabatan (hirmaannaa baandaawwan yakkaa, shororkeessummaa)

*Yeroo tokko tokko, warra kaardii magariisaa qabaniif illee, yakki xixiqqoo namoota irratti miidhaa hin geessisne adaba biyyaa ari'amuu fiduu danda'a!*

# Nama akkamiitu adaba biyyaa ari’amuuf saaxilama?

- Lammii U.S kan hin taane namni kamiyyuu ulaagaalee murtaa’an kan akka yakkaa ykn Kanaan dura ajaja biyyaa ari’amuu yoo qabaate biyyaa ari’amuuf saaxilamuu danda’a.
  - Godaantota hayyama hin qabne / hin galmoofne
  - Gaafattoota Kooluu galtummaa yookaan haala Godaansaa yookaan haala biroo irratti Namoota eegumsa qaban
  - Jiraattota Seera qabeessa ta’an.(Kaardii Magariisa Kan qaban)
  - Namoota godaantota hin taane (daawwattoota, barattoota fi kkf)



# mirga keessan bekaa akkaataa raawwii seera immigreeshini wajjin walitti dhufeenya qabdan irrati

# Mirgoota bu’uuraa

- Jiraataa U.S kan ta'e Namni kamiyyuu haala immigireeshinii isaa osoo hin ilaalin Heera mootummaa U.S jalatti mirga bu’uuraa tokko tokko qaba.

- Mirgoota kana ibsuu fi mirgoota bu’uu eeguun barbaachisaa dha

# Kaardii mirgootaa

[https://www.ilrc.org/red-cards](https://www.ilrc.org/red-cards)

[Fakkii odeeffannoo afaanota hedduu qabu kan itti fayyadama kaardii mirgaa agarsiisu]()

- Mirga dubbachuu dhiisuu filachuuf qabdu ibsuun rakkisaa ta'uu danda'a.
- Namoonni, ergamtoota immigireeshinii ykn poolisiif kaardii mirgaa baasanii kennuu akka danda'an boorsaa ykn waaleeti keessa ka'achuun faayidaa qabaachuu danda'a.



# Yoo immigireeshiniin gara mana keessanii dhufe...



**Daftee Balbala hin banin**:

- Qondaalli, ajaja mana murtii abbaa murtiin mallatteesse yoo siif kenne malee balbala banuun seeraan sirraa hin eegamu.
- Qondaaltonni eenyummaa isaanii akka ibsan gaafadhu (ejensi, maqaa, waaqaa eenyummeessaa)
- **Ajaja Mana Murtii** abbaan murtii mallatteesse qabaachuu isaanii gaafadhu
- Kaardii "Mirga Kee Beeki" jedhu balbala kee jalaan dabarsitee kenniif
- Dubbachuu dhiisuu filachuu fi Mirga Abokaattoo dhaabbachuu qabda. Yoo kana fayyadamuu barbaadde "Mirgi callisuu fi Abokaattoo qabaachu akka naaf kabajamu nan gaafadha" jedhii qondaaltotatti himi.
- Hiriyaa ykn miseensa maatii lammummaa qabu, yookaan abukaatoo illee bilbili

# Qaamni seera kabachiisu yoom mana koo seenuu danda'a?



# Ajaja garaa garaa

### Fakkeenya ajaja immigireeshinii: hin kennu

### Fakkeenya ajaja mana murtii abbaan murtii mallatteesse



AO 93 (Rev. 01/09) Search and Seizure Warrant

UNITED STATES DISTRICT COURT
for the
Southern District of California

In the Matter of the Search of
(Briefly ... or iden... ess)
2943 Reynard Avenue
San Diego, California

Case No. '14 MJ 0396

**SEARCH AND SEIZURE WARRANT**

To: Any authorized law enforcement officer

An application by a federal law enforcement officer or an attorney for the government requests the search of the following person or property located in the Southern District of California
*(identify the person or describe the property to be searched and give its location):*
See Attachment A-2.

The person or property to be searched, described above, is believed to conceal *(identify the person or describe the property to be seized):*
See Attachment B-2.

I find that the affidavit(s), or any recorded testimony, establish probable cause to search and seize the person or property.

**YOU ARE COMMANDED** to execute this warrant on or before February 14, 2014 *(not to exceed 10 days)*

☑ in the daytime 6:00 a.m. to 10 p.m. ☐ ~~at any time in the day or night as I find reasonable cause has been established.~~

Unless delayed notice is authorized below, you must give a copy of the warrant and a receipt for the property taken to the person from whom, or from whose premises, the property was taken, or leave the copy and receipt at the place where the property was taken.

The officer executing this warrant, or an officer present during the execution of the warrant, must prepare an inventory as required by law and promptly return this warrant and inventory to United States Magistrate Judge Hon. David H. Bartick *(name)*.

☐ I find that immediate notification may have an adverse result listed in 18 U.S.C. § 2705 (except for delay of trial), and authorize the officer executing this warrant to delay notice to the person who, or whose property, will be searched or seized *(check the appropriate box)* ☐for ____ days *(not to exceed 30)*.
☐until, the facts justifying, the later specific date of ________.

Date and time issued: 1/31/2014 @ 5 PM ________ *Judge's signature*

City and state: San Diego, California — Hon. David H. Bartick, U.S. Magistrate Judge *Printed name and title*

### Mana jireenyaa keessan seenuu hin hayyamu



U.S. DEPARTMENT OF HOMELAND SECURITY — Warrant for Arrest of Alien

File No. ________

Date: ________

To: **Any immigration officer authorized pursuant to sections 236 and 287 of the Immigration and Nationality Act and part 287 of title 8, Code of Federal Regulations, to serve warrants of arrest for immigration violations**

I have determined that there is probable cause to believe that ________ is removable from the United States. This determination is based upon:

☐ the execution of a charging document to initiate removal proceedings against the subject;

☐ the pendency of ongoing removal proceedings against the subject;

☐ the failure to establish admissibility subsequent to deferred inspection;

☐ biometric confirmation of the subject's identity and a records check of federal databases that affirmatively indicate, by themselves or in addition to other reliable information, that the subject either lacks immigration status or notwithstanding such status is removable under U.S. immigration law; and/or

☐ statements made voluntarily by the subject to an immigration officer and/or other reliable evidence that affirmatively indicate the subject either lacks immigration status or notwithstanding such status is removable under U.S. immigration law.

**YOU ARE COMMANDED** to arrest and take into custody for removal proceedings under the Immigration and Nationality Act, the above-named alien.

________ (Signature of Authorized Immigration Officer)

________ (Printed Name and Title of Authorized Immigration Officer)

**Certificate of Service**

I hereby certify that the Warrant for Arrest of Alien was served by me at ________ (Location) on ________ (Name of Alien) on ________ (Date of Service), and the contents of this notice were read to him or her in the ________ (Language) language.

________ Name and Signature of Officer — ________ Name or Number of Interpreter (if applicable)

Form I-200 (Rev. 09/16)

SAMPLE

# Hayyama konkolaachisuu

**Isin kan** konkolaachisuu qabdan Hayyama Leenji’aan utuu hin taane Hayyama Konkolaachisumaa guutuun ta’uu qaba

**Hayyama leenji’aatiin konkolaachisuuf,** nama ulaagaalee armaan gadii guutu konkolaataa keessa qabaachuu qabda:

1) Waggaa 1f konkolaataa oofaa ture
2) umriin isaa/ishee waggaa 21 oli kan ta’e
3) Konkolaachisaa cina kan taa'ee

# konkolaataa oofaa otuu jirtuu yoo dhaabbachiifamte...

## Jireenyikee Massachusetts keessa yoo ta’e haala immigireeshinii kee osoo hin ilaallatiin hayyama konkolaachisummaa argachuuf ulaagaa guutuu qabda!



- Konkolaataa keessaa hin bu'inaa. Harka kee lamman poolisiin/seera kabachiisaan sirriitti akka argu isteeriingii (marii konkolaataa) irra kaa’i.
- Gaaffii kamiyyuu deebisuun sirraa eegamuu baatus, konkolaachisaan maqaa fi teessoo isaa ibsuun barbaachisaa dha. Kaardii KYR keessan agarsiisaa.
- Poolisiin/seera kabachiisaan yakka keessatti hirmaachuu kee shakkii madaalawaa yoo qabaate konkolaataa kee sakatta’uu danda’a.
  - **INSPEEKSHINII/SAKATTA'UUMSAAF AKKA HIN HAYYAMNE IFA GODHI HIMI**
- **Sanada sobaa hin dhiyeessin**

# Immigireeshiniin ykn poolisiin namoota baay'ee gidduudhaa yoo si dhaabe...

- Tasgabbaa'i - hidhamuu kee mormuuf yookaan fiiguuf hin yaalin!
- Hidhamaa jiraachuukee yookaan deemuuf bilisa ta'uu kee gaafadhu.
- **Waan biraa hin dubbatin, abukaatoo arguu akka barbaaddu ibsi.**
- Yoo hidhamte malee ashaaraa quba kee kennuu dhiisuuf mirga qabda.
- Poolisiin/seera kabachiisaan akka ati meeshaa waraanaa hidhattee fi nama balaa geessisu ta'uu kee amanuuf shakkii madaalawaa yoo qabaate, si sakatta'uu danda'a.
- Yoo sanadoota godaansa seera qabeessa ta'e mirkaneessan qabaattee fi umriin kee waggaa 18 oli yoo ta'e, sanadoota kana waliin socho'uun si irraa eegama.
- Abukaatoo argachuuf mirga qabda. Abukaatoo argachuuf mirga qabda.



**sanada sobaa gonkumaa hin dhiyeessin!**

# Akkaataa itti qophooftu

- Qondaalli tokko yoo gaaffii si gaafate yookaan gara mana kee dhufe akka si gargaaruuf mirga kee dursii beeki.
- Lakkoofsa bilbilaa miseensota maatii fi/yookaan abukaatoo/dhaabbata itti amantu jechaan/afaanin qabadhu. **Osoo hidhaarra jirtu kan siif haayyamamu bilbila tokko qofaa bilbiluu ta'uu danda'a!**
- Abbaan murtii immigireeshinii waabii yoo siif kenne, waabii kaffalee kan sibaasu, nama lammummaa U.S. qabu yookaan godaansa seera qabeessa kan qabu fi kan ati amantu sammuudhaan yaadadhu.

# To'annoo jala ooluu fi Hidhamuu

- Yoo hidhamte yookaan to'annoo **jala oolte wantoota armaan gadii hin raawwatin**:
  - Abbaa seeraa/abukaatoon bakka hin jirretti waanuma fedhe mallatteessuu yookaan waraqaa "fedhiidhaan biyyaa ba'uu" fudhachuu
  - waa'ee mirga keessani odeeffannoo akka isiniif kennan ergamtoota immigireeshinii irratti hirkachuu; Dhugaa jiru hubachuuf ogeessa seeraa waliin haasa'a.
- Mirgoota armaan gadii qabda:
  - **Dubbachuu dhiisuu filachuu/callisuu**.
  - Abukaatoo (abbaa seeraa) yookin miseensa maatii keessanii bilbiluu
  - Bakka hidhamteetti abukaatoo waliin wal arguu
  - Qoonsilaa keessan qunnaamu



**Nama to'annaa immigireeshinii keessa jiru argachuuf toora interneetiirra agarsiiftuu hidhamaa fayyadamuu dandeessu**

# Mirga wabiitiin gadhiifamuu

- Qaamni seera kabachiistuu immigireeshinii, nama biiya keessaa ari'uuf yaalaa jiru mana hidhaa immigireeshinii keessatti hidhuuf filachuu danda'a
- Namoonni hedduun erga hidhamanii booda osoo dhimmi isaanii adeemsifamaa jiru **wabii gaafachuu** ni danda'u.
  - **Murtee waabii siif kenname akka gamaaggamuuf abbaa murtii immigireeshiniitti iyyachuu dandeessa**
  - **Walitti dhufeenya maatii fi hawaasaa cimaa akka qabdu agarsiisuuf gargaara**
  - **Namni waabii/boondii kaffaluuf gara immigireeshinii deemu lammii U.S. kan ta'e yookaan sadarkaa godaansa seera qabeessa kan qabu ta'uu qaba**

# Mirga Keessan Beekaa: Qophii Maatii

# Mirgoota abbaa fi haadha

- Haalli immigireeshinii keessan maal iyyuu yoo ta’e, waa’ee ijoollee keessanii irratti murtoo gochuuf mirga qabdu
- Waa’ee ijoollee keessanii odeeffannoo kennuun kan isin irraa hin eegamne ta’us, kunuunsituu jalqabaa ta’uu keessan immigireeshinii beeksisuun gaariidha.
- Kunuunsa daa’immaniif haala mijeessuuf mirga qabda
  - Yeroo to’annoo jala ooltan bilbila fayyadamuufi akkamitti ijoollee keessan akka dhaqqabdan gaafachuu dandeessu
- Ijoolleen keessan sirna guddifachaa keessa yoo jiraatan, maatii ta’uu keessaniin mirgootni qabdan yoo haqaman malee, hidhaarra osoo jirtanii kaasee, erga biyyaa ari’amtanii booddees Adeemsa mana murtii nageenya daa’immanii wajjin walqabatu irratti hirmaachuu nidandeessu
  - Too’annoo jala oolun yookaan biyya keessaa ari’amuun ijoollee keessan akka gatuu yookaan dhiisutti hin ilaalamu



# Qophii maatii




[Paakeejii Qophii Maatii Massachusetts]

[Boston Medical Center Family Preparedness Plan (Karoora Qophii Maatii Giddugala Yaalaa Booston)]

[Qophii Maatii kutaalee biyyaa biroo keessatti argaman]

# Qophii maatii

- Karoorri qophii maatii maali?
  - Meeshaa maatii keessan akkamitti kunuunsuu akka dandeessan, akkasumas murtoo sirrii ta'e akka gootan isin gargaaruu danda'u
  - karoora nageenyaa maatii fi kununsitoota hidhamuuf yookaan biyya keessaa ari'amuuf saaxilamuu danda'aniif kanneen armaan gadii ilaalchisee murtoo akka godhan dandeessisu:
    - Nama bakka ati hin jirretti ijoollee kee kunuunsu
    - fedhiin barnootaa, yaalaa fi miiraa daa'ima keessanii bakka isin hin jirretti akkamitti akka guutamuu danda'u karoora baasuu
    - Deebitanii wal arguuf karoora qabaachuu

# Karoora baasuu

**Qunnamtii mana barumsaa haaromsi:** Namoota amanamoo  yeroo ati hin dandeenyetti daa'ima kee mana barumsaa keessaa baasuu danda'an odeeffannoo quunnamtiisaani qabaachuu kee mirkaneessi.  Odeeffannoo kee eeguuf jecha, galmee odeeffannoo manni barumsichaa maxxansu kamiyyuu keessaa of baasuu akka filatte mana barumsichaa beeksisi.
**Dhaloota daa'ima keessanii qoonsilaa biyya alaa keessanitti galmeessisaa:** Mucaan keessan gara biyya dhaloota keessaniitti yookaan gara bakka biraa imaluu yoo barbaade, dhaloonni isaa duraan qoonsilaa sanatti galmaa'ee taanaan adeemsa kana salphisuu danda'a.
**Mucaa keessaniif paaspoortii gaafachuu:** Mootummoonni baay'een ijoolleen paaspoortii argachuu isaanii dura warra lamaan irraa hayyama barbaadu. Yoo ati qofaa guddiftuu seeraa taate yookaan ajaja mana murtii akkasii yoo qabaatte hayyama warra isa   kaanii argachuun si hin barbaachisu.
**Xalayaa imaalaa daa'ima keetiif barreessi:** Mucaan kee yoo U.S ala biyya biraa deemuun  barbaachisen, nama guddaa amanamaa ta'e waliin akka imaalu danda'u xalayaa mirkaneessu fi hayyamu barbaachisuun ni danda'a. Qajeelfama sirrii argachuuf dhaabbata buufata xiyyaaraa yookaan qoonsilaa keessan waliin haasa'uun gaariidha.

## Filannoowwan biroo

- Namoota mucaa keessan akka kunuunsan barbaaddan waliin haasa’aa yookan balaan tasaa yoo mudate maal akka ta’u qabu waan barbaaddan fedha keessan barreessaa
- Kun filannoo salphaa ta’us, nama kunuunsuf mirga seera qabeessaa hin kennu, manni barumsaa yookaan ogeessi fayyaa daa’ima keessanii karoora keessan hordofuu dhiisuu danda’a

## Sanada mirkaneessa hayyama kunuunsaa

- Kunuunsaan daa'ima keetii, waa’ee kunuunsa fayyaa fi barnoota daa’ima kee irratti yeroo waggaa 2 hin caallef murtee akka godhu mirga ni kenna
- Mirgi maatii akkuma jirutti tura, kanas yeroo barbaaddetti addaan kutuu dandeessa
- Mallattoo maatii fi mallattoo dhugaa baatota 2 kan of keessaa qabuu fi qaama dhimmi ilaallatuun kan mirkanaa'e ta'uu qaba

## Haayyama bakka bu’aa yeroof kennamu

- "Bakka bu'aan" yookaan namni ati filattu murtoo maatiin tokko murteessuu danda'u kamiyyuu (dhimma gaa'elaa fi guddifachaa irraa kan hafe), murtoo qabeenyaa fi maallaqaa dabalatee, mucaa keetif akka murteessu hayyama
- Guyyaa hojiirra oole irraa eegalee guyyoota 60 qofaaf kan hojjetu ta’us, haaromfamuu ni danda’a
- Yoo argamuu danda’an maatiin lamaan mallatteessuu qabu
- Bakka bu’aa fi dhugaa baatota 2 mallattaa’uu qaba

## kunuunsituumm aa

- Kunuunsituun seera qabeessa ta’e mirgoota maatiin tokko qabu hunda kan qabu yeroo ta’u, mirgoota kana maati bakka bu’ee fayyadama
- Mirgi kun karaa mana murtiitiin argamuu qaba

# Sanadoota barbaachisoo

- Sanadoota immigireeshinii hunda ka’achuun fuulli tokkollee akka hin badne mirkaneessuun baayyee barbaachisaadha.
- Sanadoonni baay’een lakkoofsa eenyummaa immigireeshinii (qubee A irraa eegalee dijiitii 8 yookaan 9 kan qaban) of keessaa qabu
- Sanadoonni tokko tokko guyyoota dhaddacha yookaan beellama immigireeshinii biroo ni dabalatanii qabatu;  Guyyoonni kun baay'ee barbaachisoodha!



# Faayidaale xixiqqaa fi deeggarsa mootummaa argachuu

# Qabxiilee ijoo

- Maatiin godaantota ta'an ofii isaanii ulaagaa guutuu yoo hin dandeenyellee ijoollee isaanii lammii US ta'aniif **yeroo barbaadanitti iyyachuu ni danda'u**
    - Maatiin ijoollee isaaniif iyyachuuf SSN yookaan ragaa adeemsa immigireeshiniiqabaachuun irra hin eegamu, garuu galii isaanii mirkaneessuu qabu.
- Faayidaale xixiqqaa argachuudhaaf lammii U.S ta'uun isin irraa hin eegamu
- Dambiiwwan amma jiran jalatti, Dabalata Galii fi Maallaqa Kunuunsa Yeroo Dheeraa, Kunuunsa Maanguddootaaf kennamu malee faayidaalee biroo iyyachuun yookaan argachuun immigireeshinii irratti dhiibbaa hin qabaatu
- Dhaabbileen walgargaarsaa nfi kennitoonni eegumsa fayyaa Massachusetts keessa jiran godaantota ICEtti **hin gabaasan/dabarsanii hin kennanu**

# Dambii hirkattummaa gargaarsa mootummaa

## Godaantoonni baayyeen seera hirkattummaa gargaarsa mootummaa jala hin jiran.

**KANNEEN ARMAAN GADII ILAALLATA:**

**Kaardii magariisaa (jiraataa dhaabbataa seera qabeessa) ta'uuf yookaan viizaa United States (Ameerikaa) argachuuf godaantota iyyatan.**

**KANNEEN ARMAAN GADII HIN ILAALLATA:**

- Lammoota U.S
- Iyyattoota lammummaa
- Haaromsa kaardii magariisaa
- Haqama haalota garaa garaa
- Baqattoota/koolu galtoota
- VAWA
- Viisaalee T/U
- Dargaggoota Godaantota Addaa
- Iyyannoo yookaan haaromsa DACA
- Iyyannoo yookaan haaromsa TPS
- Seensa hatattamaa

# Faayidaalee fi hirkattummaa deeggarsa mootummaa





Seera amma jiruun faayidaalee gosa lama qofaatu tilmaama keessa galfamu:

- Gargaarsa maallaqaa galii dabalataaf godhamu
- Baasii mootummaatiin bakka kunuunsa yeroo dheeraa keessa turuu



**Namoonni gargaarsa mootummaaf qorataman irra caalaan isaanii faayidaalee kana argachuuf ulaagaa hin guutan.**

# Faayidaaleen irra caalaan isaani dambii amma jiruun tilmaama keessa hin galfamanu

**Sagantaa eegumsa fayyaa kan** akka MassHealth fi Community Clinics

**Gargaarsa kiraa manaa** kan akka Kutaa 8, RAFT, EA shelter fi mana jireenyaa ummataa

**Sagantaa nyaataa** kan akka SNAP, WIC fi Laaqana Mana Barumsaa

**Faayidaalee maallaqaa bakka hojii irraa argaman** kan akka hoji dhabdummaadhaaf, wabii hawaasummaa fi soorama

**Sagantaa mootummaan kennu, faayinaansii kan hin ilaallanne**

**Galmee faayidaalee "dhiibbaa hamaa hin qabne" Massachusetts keessatti argaman:** [https://miracoalition.org/wp-content/uploads/2022/10/Faayidaa-Itti Fayyadamuuf-Nageenya-Massachusetts-Waxabajjii-2022.pdf](https://miracoalition.org/wp-content/uploads/2022/10/Faayidaa-Itti Fayyadamuuf-Nageenya-Massachusetts-Waxabajjii-2022.pdf)

# Seerichi jijjiiramuu ni danda'aa?

- Dambiin amma jiru seerota federaalaa keenya keessatti hammatameera, dhimmoota mana murtii kanaan duraa keessattis ni kabajama

- Bulchiinsi Tiraamp seera durii irra deebi’ee mirkaneessuuf yaalu mala, garuu:
  - Seerri duraan turellee namoota muraasa irratti hojiirra olmaa qaba ture
  - Jijjiiramni kamiyyuu hatattamaan hojiirra hin oolu
  - Leelliftoonni mirga godaantotaa jijjiirama kamiyyuu ni mormu

# Mirga kee beeki: Gargaarsa seeraa bakkoota argattu

# Who can give me advice and represent me in an immigration application or case?

- An **attorney (lawyer)** with a valid license to practice law.
- An **"accredited representative"** working for a nonprofit organization who has received training and special authorization from the US government to help people with immigration cases. You can look for the organization and the individual on the government's listing of accredited representatives.
- Notary publics (or "notarios") are not lawyers in the US and cannot provide legal advice.
- Other people like interpreters or tax preparers. Interpreters can help translate important documents sometimes needed for immigration cases and preparers can fill out the form with only the information provided by the applicant, but they cannot provide legal advice.

# Yoon miidhamaa gowwoomsaa ta'e maal gochuu qaba?

Gabaasa gochuu/kasasuu dandeessu! Kun namoota biroo irratti akka hin uumamne eeguu fi dhimma kee furuuf gargaaruu danda'a. Kanneen armaan gadiidhaaf gabaasu/kasasuuu/report gochuu dandeessu:

- The Massachusetts Attorney General's Office (Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa Massachusetts): (617) 963-2917 yookaan https://www.eform.ago.state.ma.us/ago_eforms/forms/piac_ecomplaint.action
- The Massachusetts Board of Bar Overseers (Boordii To'attoota Abbootii Seeraa Massachusetts): https://www.massbbo.org/s/complaints
- yoo duraan mana murtii immigireeshiniitti dhiyaattan The immigration court Fraud and Abuse Prevention Program (Sagantaa Ittisa Hannaa fi Miidhaa Mana Murtii Immigireeshinii): (703) 305-0470 yookaan EOIR.Fraud.Program@usdoj.gov

# tajaajiloota seeraa immigireeshinii waliin walqabatan

- Massachusetts keessatti tajaajila seera kan kennan:
  - Massachusetts Legal Resource Finder (Tajaajila Seeraa Massachusetts keessatti Barbaaduuf): https://masslrf.org/en/home
  - Tajaajila Seeraa Mana Murtii Immigireeshinii argachuuf: https://www.justice.gov/eoir/file/ProBonoMA/download
  - Magaalaa Boston keessatti Tajaajila Gorsaa kaffaltii malee kan kennan: https://masslrf.org/en/programs/view/boston_immig_clinic
- Tajaajila Seeraa Massachusetts Ala argaman argachuuf:
  - Immigration Advocates Network Legal Directory (Galmee Tajaajila Seeraa kan Abukaatoo Immigireeshinii): https://www.immigrationadvocates.org/legaldirectory/



# Odeeffannoo dabalataa